

Maxxansa 1ffaa
DHANDHAMA
Kuusaa walaloo
Abdussalaam idris


**Oromiyaa**

# Dhandhama

## Kuusaa Walaloo

**Abdussalaam idriis**

**2014**

*Mirgi kitaaba kanaa safuun eegamaadha,*

***Kitaaba Kana Irratti Yaada Ykn Qeeqa Akkasumas Dogongora Koo Naaf Sirreessuuf ;-***

***0905550014***

***0927214227***

# Galata

Hunda Dura Gaanni Daangaa Hin Qabne Rabbiif Haa Ta'u, Isa Akkla Qaamaan Katabnee Dubbifnu Nuuf Aaffiseef Haa Ta'u,

Kanatti Aansuudhaan Haadhaaf Abbaa Kook An Argamakoos Sababa Taatan Jireenya Gammachuu Keessaa Naaf Jiraadhaa, Gaatoomaa,

Ammas Namoonni Yaadaan Na Deeggaraa Turtan Hundumtuu Gaatoomaa.

# Baafata

## Boqonnaa Tokko Kuusaa Walaloo

Mata Duree Walaloo Kitaaba Kana Keessatti Argaman

1. Dhandhama
2. Uf Amansiisi
3. Guyyaa Nagaaf Gammchuu
4. Nan Wallaala
5. Jaalala Keetiin
6. Akkam Nagaa Jirtuu
7. Dhiisi Miidhaa...
8. Buburree Fi Gantuu
9. Waa Isin Gaafadha!
10. Gantuu Jaalalaa
11. Guyyaan Waa Jijjiira!
12. Onneen Hin Dulloomu
13. Of To'adhu
14. Fayyaa
15. Galma Qabaadhu
16. Gammadii Jiraadhu
17. Muddama..
18. Dhiphina..
19. Jirra Jiruu Taanaan
20. Hin Amnu!
21. Yeroo Isaatti
22. Ani Hin Gamadu
23. Dhugaa Jiru
24. Hundumtuu Nama...
25. An Mucaa Kichuudha
26. Raajii Bara Kanaa
27. Hin Saalfattuu??
28. Yaa Waa Irranfachuu
29. Namummaa Bara Kanaa
30. Jaalala Afaanii
31. An Hin Amanu
32. Galateeffadhu
33. Yaali Ammas Yaali
34. Kan Na Ajaa'ibu
35. Haalli Ni Geeddarama
36. Maal Goona?

# DHANDHAMA

Gaariidhaafii gadhee

Ajaadhaaf ba’eessa

Hadhaa’uuf mi’aa’uu

Beekuuf maalummaasaa

Dammaa fi ebicha

Baasuuf addummaa saa

Aannaniif bishaanis

Kan ittiin adda baafnu

Sukkaaraaf sooqidda

Kan mirkaneeffannu

Dhandamnee ilaaluudha

Bu’aa inni kennu

# UF AMANSIISI

Milkaa'ina Goonfachuuf

Dura Uf Amansiisi

Wanta Guddaa Yaadii

Waan Gaarii Argamsiisi

Hojii Irra Oolchi

Hawwiif Yaada Kan Kee

Imala Eegali

Hin Gubin Yerookee

Bakka Guddaa Ga'uu

Atis Ni Dandeessa

Garuu…….

Daandiin Milkaa'inaa

Obsa Barbaachisa

Amansiisi Sammuukee

Hin Shakkin Dandeettiikee

Waan Xiqqoo Hin Yaadin

Guddisi Hawwiikee

Yoo Shakkite Ni Kufta

Yoo Amante Milkoofta.

# GUYYAA NAGAAF GAMMCHUU

Guyyaa Nagaaf Gammchuu

Kan Jaalalaf Nageenyaa

Bilisaan Haa Jiraatu

Inni Dhihoof Fageenyaa

Kun Hawwii Kooti

Ilma Namaa Hundaaf

Osoo Adda Hin Baasi

Isa Xiqqaa Guddaaf

# NAN WALLAALA

Gaafan Taa'ee Itti Yaadu

Waa'ee Dubbachuufi Dhiisuu

Hundaa Waliin Wal'aala

Waanan Qabee Gadhiisu

Gooftaan Akka Namaa Fi

Garaa Namaa Beekuu

Madaa Keenya Wal'aanee

Inni Nuhaa Eeguu

# JAALALA KEETIIN

Bareedduu magaallee

Biiftuu ija kuulaa

Hin jiru dachiirra

Kan bareedu si caala

Ati ibsituu kooti

Caaltuu waan dachiirraa

Ati ifa jiruuti

Akka biiftuu samiirraa

Jechan dhabe ani

Si ibsuuf barbaadee

Waa'ee miidhaga kee

Raga ba'uuf yaadee

Garuu jechan hin jiru

Si ibsuuf kan ta'u

Kan jiru siif mitii

Na ibsuufuu hin ga’u

Boqonnaas dhabeera

An jaalala keetiin

Yoomuu sin dagadhu

Atis nan dagatin

# AKKAM NAGAA JIRTUU

Akkam Nagaa Jirtuu

Ashamaa Harka Fuudhe

Horee Haa Baay'atu

Kan Duraan Wal Fuudhe

Isa Hin Fuudhiniif

Haadha Manaa Gaarii

Ishee Hin Heerumneefis

Abbaa Manaa Gaarii

Yaa Rabbi Kennii Fi

Mana Itti Ijaari

Anaa Fi Isiniifis

Haa Ta'u Guyyichi

Kan Rabbiin Kadhatee

Argatu Gabrichi

# DHIISI MIIDHAA...

Hadha Raawwattullee

Humna Kee Abdattee

Roorroo Xiqqaaf Guddaa

Kan Feete Filattee

Ofii Kan Kee Kolfaa

Haadha Dhiiraa Boossistee

Ofiif Nyaattee Bulaa

Kaan Agabuu Bulchitee

Ati Ilmaan Kee Waliin

Gangalataa Bulta

Kaan Dharaan Hidhamee

Achitti Rakkata

Afachumee.......

Ati Maal Taateeti

Maaf Miidhaa Raawwaattaa¿

Waan Hojjuttu Maraa

Irraa Gaafatamtaa

Hadha Abdattullee

Aangoof Humna Kankee

An Siif Sodaadheera

Ayiii Yaa Booddee Kee...

*Maalan Godha.....*

Ajaa'eef Qubni Hin Citu

Atis Naaf Lammiidhaa

Mee Na Dhaggeeffadhu

Xiqqoon Si Gorfadhaa

Haqaaf Haqaan Hojjadhu

Hin Miidhin Hiyyeessa

Imimmaan Haadha Dhiiraa

Boru Si Balleessaa

Hin Miidhin Saba Kee

Isa Keessaa Baate...

Irratti Hin Dhukaasin

Diina Waliin Taatee..

Abbaa Haqaa Hiitee

Hin Faarsin Abbaa Garaa

Gaafa Waan Nyaatu Dhabe

Sumatti Gara Galaa...

Osoo Lafti Hin Dhiine

Qabadhu Daandii Sirrii

Kuni Gorsa Kooti

Yoo Si Dhaga'eef Gurri

Garuummoo.....

Hin Fudhattu Taanaan

Gorsa Koo Tuffattee...

Ani Aangoon Qabaa

Maal Nagoota Jettee...

An Homaa Sin Godhu

Jira Abbaan Haqaa

Eenyunni Naan Jettaa

Rabbi Guddaadhakaa..

Hojiikee Maraafuu

Inni Siif Kaffala

Inni Abbaa Dhugaa

Yoomuu Ni Gargaara 2x

# BUBURREE FI GANTUU

Maaf Akkas Na Goote

Yaa Buburreef Gantuu

Waan Jette Hin Dagattee

Jaalallee Kan Biraa

An Hin Qabu Jettee

Arraba Kee Sanaan

Ana Gowwoomsitee

Waanan Takkaa Hin Beekne

Itti Nagalchitee

An Simalee Hin Qabu

Yaa Abdiikoo Jettee

Onneedhaan Na Sobaa

Damma Afaan Dibattee

Osoon Sin Gaafatin

Ofii Nagaafattee

An Yoomuu Kan Keeti

Addan Baanu Jettee

Arraba Sobaatiin

Na Amansiifattee

An Umriikoo Guutuu

Sumaafan Jiraadha

Nama Hunda Caalaa

An Suman Jaalladha

Wanti Fedhe Dhufus

An Suman Filadha

Yoo Na Shakkiteyyuu

Rabbi Naaf Ragaadha

Jettee Gaaf Dubbattu

An Se'ee Dhuguma

Amaneetan Fudhe

Onneekoo Hundumaan

Ani Kankee Taanaan

Kiyyas Yoomuu Suma

Jedheetan Deebiseef

Anile Achumaan

Garuu……

Garuu Maal Godharee

Akkan Yaade Hin Taane

Edaa Isiin Buburreedha

An Hin Barre Malee

Afaan Mi’eeffattee

Ana Gowwoomsiti

Qalbiisiitiin Garuu

Nam Biraa Jaallatti

Akkamiin Amanu

Lamuu Nama Biraa

Na Gante Isiinuu

Kan Jaalladhe Qalbiirraa

Sababa Buburreef Gantuu

Shakkeera Nama Hunda

Yoo Natti Aartanis

Dhiifama Naaf Godha

# WAA ISIN GAAFADHA!

Erga Dhugaa Dubbachuun

Mirga Ofiif Falmachuun

Sabni Koo Maaliif Du'a

Maaf Hidhama Jechuun

Quuqqaa Garaa Ofii

Baasanii Dubbachuun

Yaada Dhuunfaa Dhiisanii

Ummataaf Dhiphachuun

Biyya Ormaa Dhiisanii

Biyya Ofii Filachuun

Erga Nageenya Dubbachuun

Hammeenyatti Laalamee

Yakka Balaaleffachhuun

Yakkatti Erga Hiikamee

Dhala Namaatiif Falmuun

Erga Ta'ee Hammeenya

Roorroo Balaaleffachuun

Isa Farra Nageenyaa

Mee Maaloo Naaf Himaa

Waa Isin Gaafadhaa

Erga Aakana Ta'ee

Anaafi Isinillee

Egaa Shorarkeessaadhaa??

# GANTUU JAALALAA

Waadaa waliif seenne
Waan huda dagattee
Jaalallee kan biraa
Narratti baafattee

Maaltu si mudate
Maalumaaf nagante?
Maali badiin kankoo
Maal natti mufatte?

Akkan si jaalladhu
Sirriidhatti beekta
Waan nan jedhaa turte
Akkamiin dagattaa?

An yoomuu hin dagadhu
Hangan lubbuun jiru
Jaalala maallaqaan
Yoomuu hin jijjiiru

# GUYYAAN WAA JIJJIIRA!

Kan Hadha Dhugaa Jennu
Bor Soba Ta'ee Argama
Xinnoo Oolee Bubbuulee
Faallaa Jijjiirama

Tarii……..
Inni Hadha Sobaa
Boru Dhugaa Ta'a
Inni Hadha Kufes
Borimmoo Ol Ka'a

Guyyaan Ni Jijjiirama
Waallee Ni Jijjiira
Kan Kaleessa Hin Jirre
Hadha Meeqatu Jira
Ammas Fidee Dhufa
Boris Wanta Haaraa

Ifaafi Dukkannis

Taraa Wal_Jijjiiru

Dhaabbatee Kan Hafu

Addunyaarra Hin Jiru

Deegamee Hin Hafamu

Ni Ba'ama Keessaa

Kan Nurraa Eegamu

Qabaachuudha Obsa

Ifatti Ni Baana

Abshiraa Gaaf Tokko

Rabbiinis Kadhadhaa

Jabaadhaa Lammii_Koo.

# ONNEEN HIN DULLOOMU

Onneen Hin Dulloomu

Qaamatu Dullooma Malee

Jaarsomeef Hin Dagatu

Waan Yaadaa Ture Kalee

Itti Gaabbuu Danda'a

Yookaanis Ni Gammada

Rabbi Haa Gammaachiisu

Anaa Fi Isin Hundaa

Akka Bor Hin Gaabbine

Haa Hojjannu Ammuma

Waaqallee Kadhataa

Tattaafachuun Dirqama,

# OF TO'ADHU

Kallattii Dabaa Irra
Akka Hin Deemneef Atii
Of To'achaa Adeemuun
Dirqama Mataa Keeti

Konkolaataa Qabattee
Yoo Deemtu Karaa Irra
Of Eeggannoodhaan Oofi
Akka Hin Dabne Daandiirraa

Eeggadhu Arrabakee
Hin Dubbatin Akka Tasaa
Osoo Ati Hin Beekin
Namarraa Adda Si Baasa

Of To'achuun Kuni
Guddaadha Bu'aansaa
Balaa Garaa Garaa Fi
Dheekkamsas Ni Hambisa

Si'a Tokko Tokko

Hadhaa'uus Ni Danda'a

Firii Isaa Nyaannaan Garuu

Waan Hundaa Ol Mi'aaya

Tarii....

Yeroo Fudhatuu Danda'a

Arguudhaaf Bu'aa Isaa

Yoo Obsaan Eeggatte

Gaaf Tokko Si Gammachiisa

Obsaan Eeggatta Malee

Handaaqqoo Hammachiiftee

Male Killee Hin Cabsitu

Cuuciin Argadha Jettee

Namni Of To'achuu Danda'u

Ni Bita Addunyaa Guutuu

Ilmi Namaa Martuu

Aadaa Haa Taasifatu

# FAYYAA

Fayyaan Qabeenyaadha
Qabeenya Isa Guddaa
Kennaa Olaanaadha
Uumamaa Lafaa Hundaa

Yoo Fayyaa Hin Qabaatin
Keessattuu Dhalli Namaa
Bakka Yaade Akkamiin Ga'a
Mee Isinumti Naaf Himaa

Konkolaataan Tokko
Miidhamnaan Motorri Isaa
Hanga Inni Sirraa'uu
Maalti Achii Sochoosa?

Ilmi Namaas Ga'uudhaaf
Bakka Yaadaaf Galma Isaa
Dura Waan Hundaa Ol
Fayyaa Isa Barbaachisa

Fayyaadha Jedhamuudhaaf
Ulaagaan Inni Jalqabaa
Guutuu Hirdhina Hin Qabne
Sammuun Isaa Ta'uu Qaba

Sammuun Fayyaa Taanaan
Ni Eeggata Qaama Isaa
Ofirrayyuu Darbee
Nama Biraa Barsiisa

Fayyaa Qaama Keetii
Eeggachuu Yoo Feete
Filadhuutii Nyaadhu
Nyaata Amma Dandeesse

Ispoortiis Hojjadhu
Ganamaaf Galgala
Innis Fedha Rabbiitiin
Fayyaa Siif Dabala

Ofirraa Fageessi

Waan Miidhu Fayyaakee

Kan Akka Tamboo Fi

Dhugaatii Araqee

Tasa Itti Hin Dhiyaatin

xireeffadhu Fagootti

Rabbiinis Kadhadhaa

Kuni Dhaamsa Kooti

# GALMA QABAADHU

Gara Itti Deemtu
Hin Beektu Taanaan Amma
Gahuu Hin Dandeessu
Bakka Yaadde Galma

Bakka Muka Goolii
Hin Beektu Yoo Taate
Maali Bu'aan Isaa
Kubbaa Dhiituun Callistee?

Galma Qabaachuu Qabda
Bakka Geessee Dhaabbattu
Iddoo Itti Boqattee
Achi Irraa Tarkaanfattu

# GAMMADII JIRAADHU

Of Keessaa Balleessi

Sodaa Fi Dhiphina

Homaa Sin Fayyadu

Booddeen Isaa Rakkina

Gammadii Jiraadhu

Hanga Lubbuun Jirtu

Kan Dur Siif Murtaa'e

Yoomuu Sin Dabartu

# MUDDAMA..

Boqonnaa Balleessee

Jireenya Hadheessa

Gammachuu Fi Kolfa

Namarraa Fageessa

Harka Akka Hin Laanne

Muddamaaf Yoomiyyuu

Bakkaan Ga'uuf Yaali

Mul'ata Keef Kaayyoo

Cirracha Xiqqoodhaaf

Gufattee Hin Kufin

Osoo Galma Hin Ga'in

Yoomiyyuu Hin Rafin

# DHIPHINA..

Gabroonfataa Keessoo

Isa Hin Mul'anne

Ganamaaf Galgala

Kan Si Biraa Hin Hafne

Sima Waliin Ba'ee

Kan Si Waliin Galu

Halkanii Fii Guyyaa

Yoomuu Si Shaagalu

Waliin Jiraachuudhaaf

Waadaa Hin Seeniniif

Hadharraa Eegalii

Murtee Dhumaa Kenniif

"Dhiphina Isa Nagabroonfate Dhabamsiisuun Qaba, Dhiphina Waliin Jiraachuun Naga'a" Jedhi Ammarraa.

# JIRRA JIRUU TAANAAN

Jirra Jiruu Taanaan

Jireenya Keessummaa

Maqaas Argannee Jirra

Amma Shorarkeessummaa

Ofumaaf Nuuf Kennani

Nu Jara Hin Gaafanne

Mirga Namaa Hin Tuqne

Mirga Keenya Gaafanne

Kanaaf Badhaafamne

Maqaa Akka Kanaa

Garuu Naaf Hin Galle

Waa'een Keenya Barana

# HIN AMNU!

Amanuu Dhiiseera!

Ani Ilma Namaa

Guyyaa Tokko Keessa

Sagal Jijjiirama

Waan Hadha Waadaa Gale

Borimmoo Ni Morma

Waan Dubbate Ganama

Galgala Nishaara

Kan Ijaaramu Diigee

Kan Diigamu Ijaara

Afaaniin Fira Fakkaatee

Shiraan Boolla Siif Qota

Waan Siif Yaade Fakkaatee

Hallayyaatti Si Gata

# YEROO ISAATTI

Dhimmisuu Hin Oolu

Manni Ijaarsi Badaa

Na Argi Na Argiin

Bor Na Dhoksii Fida

Biiftuun Iftee Mullatteef

Lixuun Ishee Hin Oolu

Leenci Alatti Hin Hafu

Ni Beeka Bakka Galu

# ANI HIN GAMADU

Ani hin gamadu
Baradheera jedhee
Barachuutu nutti fide
Wantoota gaggadhee

Namni du'e jedhee
Hin gammadu yoomuu
Haadha deessef ilma
Namni du'u kamuu

Ija nuti ilaallun
Adda kan fakkaatu
Ija rabbiin garuu
Qixa namni martuu

# DHUGAA JIRU

Gaafa Kan Kaabineef
Kan Abbaa Qabeenyaa
Fagoorra Dhaabannee
Gaafanna Nageenya

Hiyeessa Akka Kootii
Kan Hin Qabne Aangoo
Nagaafachuu Dhiisaa
Hin Laalan Garakoo

Hiyyummaaf Durummaan
Nama Adda Baafna
Nagama Kan Rabbii
Walitti Waakkanna

Hundumaa Wal Qixa
Haa Ilaallu Maaloo
Namni Namummaadhaan
Homaa Wal Hin Caalu

# HUNDUMTUU NAMA...

Dubbataas Ta'u Callisaa

Bareedas Ta'u Fokkisaa

Dureessas Ta'u Hiyyeessa

Gabaabaaa Ta'u Dheeraa

Jarjaraa Ykn Tasgabbaa'aa

Kan Qabu Haala Gara Garaa

Shamara Ykn Dhiira

Dabeessas Ta'u Diriiraa

Gaariis  Ta'u Hamaa

Anaaf Hu Dumtuu Nama

Sin Filu An Sin Qoodu

Isa Dubbisee Siin Hin Oodu

Sin Kabaja Sin Jaalladha

Hundaa Kan Uume Rabbidha

# AN MUCAA KICHUUDHA

An Mucaa Kichuudha

Umriidhaan Bicuudha

Nu Lamaan Michuudha

Mee Kun Maal Jechuudha..?

Isaanitti Caalayyuu Mitiiree..?

Jaalala Ijoollee Ammaa Kanaam!..

# RAAJII BARA KANAA

Yeroo paastaan mooqu
Jabaatee akka mukaa
Raajii bara kanaa
Miilli mataa hooqa

Dubbiin gara galee
Doofaan beekaa qeeqa
Waanuma hin jirre
Jaamaan argee seeqa

Duudaan dhaggeeffatee
Wajjiniin shubbisa
Ofii dogongoree
Namatti irkisa

# HIN SAALFATTUU??

Namuma kaleessa
Jecha filee wal faarsu
Ganamaa fi galgala
Jaalala waliif ibsu
Osoo danda’amee
Lubbuu waliif dabarsu

Kan jedhaanii turte
Ati goota keenya
Ati nama haqaati
Ati yakkamaa mitii
Falamaa dhala namaati,

Ati hayyuu beekaadha
Tokkicha ilma sabaa
Umriinkee dheeratee
Haa caalu waaggaa dhibba,

Kan jechaa turetu

Jecha jijjiiratee

Safuu tokko malee

Nyaara isaa haaddatee,

Akkana jedha

Ati gantuu bitamtuu

Ergamtuu diinaati

Kabajni siin malu

Kee mana hidhaatii

Maqaas gaarii hin qabdu

Ati ummata keessaa

Ati yakkamaadha

Ammas shorarkeessaa

Arrabuma faarsiteen

Yoo deebistee arrabsitu

Kan namaa dhiisiiti

Ufumaa hin saalfattuu?

Lama hin dubbatin

Tokkorra dhaabadhu

Aadaas hin cabsinii

Safuu kee eeggadhu,

Isa abbaa dhugaa

Namni hunduu beeka

Murteen inni haqaa

Yoomiyyuu rabbi harka,

# YAA WAA IRRANFACHU

Eddo turtan kaleesa
Hunda dagattanii
Ergamtuu diinotaa
Dur akka taatani

Sanuu hin saalfattanu
Uf gootu nama gaarii
As baatanii dubbattu
Abbaa qabsoo taatanii

Kan isin baase bilisa
Daariitti gattanii
Diraamaa keessaniin
Yakkamaa gootanii
Badii tokko malee
Hidhaatti gattanii

Seenaa fi seeraanis
Ganaa gaafatamtu

Mee gaafuma sana

Maaluma dubbattu?!

## NAMUMMAA BARA AMMAA

Garaan Boolla Gad Fagoo

Dubbiin Afaanii Dammaa

Qabaachuu Fi Dhabuu Taate

Namummaan Bara Ammaa!

Akka Waan Hospitaalaa

Ogeessi Fayyaa Ajajuu

Konkolaataa Fi Qarshiidha

Ulaagaan Walkabajuu!

Gaafa Qabnu Guddaadha

Hundumaan Dhungatamna

Gaafa Dhabnu Budaadha

Hundumaan Tuffatamna!

# JAALALA AFAANII

Jaalala afaanii malee
Bade jaalalli dhugaa
Kana hunduu beeka
Hin barbaachisu raga

Hunduu walsobuu malee
Yoom walitti hima dhugaa
Sobaan wal gowwoomsee
Afaaniin wal guba

Ati damma kooti
Ati onnee kooti
An simalee hin qabu
Anisimmoo keeti

Waadaa waliif sienna
Yoomuu wal hin gannu
Atis ana malee anillee simalee
Kan biraa hin haajomnu

# AN HIN AMANU

Amanuu dhiiseera
Ani ilma namaa
Guyyaa tokko keessa
Sagal jijjiirama

Waan hadha waadaa gale
Borimmoo ni morma

Waan dubbate ganama
Galgala ni shaara
Kan ijaaramu diigee
Kan diigamu ijaara

Afaaniin fira fakkaatee
Shiraan boolla siif qota
Waan siif yaade fakkaatee
Hallaayyaatti si gata

# GALATEEFFADHU

Galata Galchuudhaaf
Hin Dhabbdu Sababa
Otuu Teessee Yaaddee
Baay'inni Isaa Dhibba

Kan Rabbiin Komattu
Narakkise Jettee
Lubbuun Jiraachu Kee
Sila Hin Dagttee?

Meeqatu Du'eera
Kan Beektu Atumti
Simmoo Jiraachiseera
Kana Hin Yaadduu Ati?

Faayyaa Guutu Kennee
Si Bashannansiisee

Isa Kaan Dhukkunsee
Ospitaala Ciibse

Birrii Hin Qabu Jettee
Hin Yaadda'in Homaa
Meeqatu Rakkataara
Otuu Qabuu Kuma

Osoo Nyaata Qabuu
Kan Nyaachuu Dadhabe
Osoo Lubbuun Jiruu
Fedhii Nyaataa Dhabe

Atoo Bilisadha
Kana Hunda Irraa
Kunoo Fayyaa Deemta
Sin Arga Karaarra

Nyaatas Numa Nyaatta

Hin Dhabne Fedhii Isaa

Fayyaas Kunoo Qabda

Sin Dhoowwanne Tasa

Galata Galchiif Kaa

Rabbii Si Badhaase

Dhukkuba Adda Addaa

Irraa Bilisa Si Baase

Haa Galateeffannu

Rabbii Uumaa Maraa

Galata Galchinaan

Inni Nuuf Dabala

Galanni Raabbiif Haa Ta'u

Galcheef Ani Kunoo

Isinis Maal Eegduree

Kunoo Amma Yeroon

# YAALI AMMAS YAALI

Yaali Ammas Yaali
Hanga Galma Geessuu
Bakka Yaadde Ga'uuf
Homtuu Sin Daangessu

Sababa Geessifnaan
Rabbi Si Gargaaraa
Hanguma Dandeessu
Tattaafadhu Irraa

Waan Ta'uudhaa Feetu
Ga'uuf Fuulduratti
Gaheekee Bahataa
Irkadhu Rabbitti

Ati Obsa Qabaannaan
Waan Hundaa Dandeessaa
Bakka Yaadde Maraa
Gaaf tokko Nigeessa

Isatti Irkannaan

Rabbi Sigargaaraa

Waan Cufamee Hundaa

Ulaa Sirraa Bana

# KAN NA AJAA'IBU

Kan Na Ajaa'ibu
Amala Keenyarraa
Gaarii Dhibba Irra
Rakkoo Tokko Agarra

Osoo Wanta Gaarii
Wal Jajjabeessinee
Wanta Hamaa Irraa
Osoo Wal Gorsine
Osoo Wal Dhageenyee
Silaa Eessa Geenye!

Wal Takaalaa Deemnaan
Hunduu Kufee Hafaa
Danqaa Waliif Tahuun
Lakkii Kuni Fafa

# HAALLI NI GEEDDARAMA

Haalli Ni Geeddarama

Addunyaan Ni Jijjiiramti

Dureessa Meeqatu  Jira

Kan Deebi'e Hiyyummaatti

Hiyyeessa Baay'eetu Jira

Rakkataa Kan Ture

Barri Jijjiiramnaan

Nama Meeqa Hore

Kabajamaa Meeqatu

Yoo Bule Xinnaata

Kan Dur Hin Beekamne

Meeqatu Mul'ata

Kan Duraan Dhokate

Beekkamtii Argata

Kan Hadha Mijateef

Jireenyi Lafarraa

Oolee Bubbuleemmoo

Rakkatuusaa Agarra

Silas Rakkoo Booda

Baldhinatu  Jira

Obsa Naaf Qabaadhaa

Abshiraa Yaa Firaa

Yoo Oollee Bubbulle

Waan Baay’ee Agarra

# MAAL GOONA !

Yoo Dubbanne

Ni Qeeqamna

Yoo Callifne

Ni Jeeqamna

Yoo Deeggarre

Ni Mormamna

Yoo Mormine

Ni Jibbamna

Yoo Callisuuf Jenne

Nama Hin Callisiisu

Yeroo Namni Hin Barranne

Beekaa Uf Fakkeessu

Ajaa'ibuma…

Ammuma Bukaa'ee

Achumaan Bilchaata

Ufumarraa Uumee

Maqaa Namaaf Laata

Qulqulluu Uf Godhee

Isa Kaan Xureessa

Nama Beekaa Jibbee

Wallaalaammoo Faarsa

Natti Hin Tolle Farrisaa

Haalli Itti Jirru

Wanta Gadhee Irraa

Mee Uf Haa Jijjiirru

Kanas Ta'e Sana

Wal Qooduu Haa Dhiifnu

Gorsikoo Inni Guddaan

**Tokkummaa Haa Qabaannu**

# Xumurame!